Kutaa 2ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 2ffaa

Barumsa Ja'affaa:- Lola Hafuuraatiifi Aangoo Amantoota.....5

Tajaajila Hoga- Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8. Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

Barumsa Ja'affaa; Lola Hafuuraatiifi aangoo amanaa

Lola Hafuuraa jechuunn maal jechuu dha?

Hafuura: jechuun waan addunyaa ijaan argamuun ala jiru yookiin waan addunyaa ijaan hin argamne muldhisu jechuu dha. Lola dubbiin lola jedhummoo wal-dhabiisa humnoota waliin morman lama jidduu jiru agarsiisa.

Lola Hafuuraa: Yommuu lola hafuuraa jennu, lola nama amanuu fi sheexana jidduu jiru jechuu keenya. Yommuu waayee lola hafuuraa yaannu otoo Waaqaa fi sheexana wal-qixxeessinee sheexanni fuuluma fuulaan Waaqa lola jechuu keenna hin ta'in sheexanni waan hafuura hamaa diina qajeelinnaa ta'eef akka inni namoota qajeelinnaan deddeebi'anii fi warra qajeelinnaan deddeebi'uu yaalaniin mormu ifatti baasuuf jenneeti.

Namoonni mi'a waraanaa qabatanii diina isaanii balleessuuf waraana dhaqu. Diinnis isaan balleessuu barbaada. Addunyaa hafuuraa keessattis diina" hatuu fi qaluu, balleessuus"dhufu qabna. (Yoh 10:10)

I. Waraanni jiraannaan diinni jira

Dinni keenna Eennu?

"Daabiloos diinni keessan waan liqimsu barbaadee, akka leenca barooduu nanaanna'a..." (Phe 1ffaa 5:8) "...Mootum- maan samii nama sanyii gaarii facaase fakkaatti. Yeroo namoonni rafanitti garuu diinni dhufee qmadii (dargaayyee) keessatti aramaa facaasee deeme..." (Mat 13:24-25).

"...Aramaan sunis ijoollee isa hamaa sanaa ti. Dinni facaase sunis daabiloos." (Mat 13:39). Akkuma kutootii kanneen irratti hubannutti diinni keenya daabiloos (sheexana).

Sheexanni akkamitti dhiina keenna ta'e?

Sheexanni jalqabatti akka diina ta'uuf hin uumamne. Inni Maleekkota kabajamoo kanneen akka Waaqa guddaa tajaajilaniif uumaman keessaa tokko ture.

Dubbiin Waaqayyoo Waayee isaa akkana jedha:

- Ati ogummaadhaan guutamteerta; midhaaginni kees haga (madaallii) hin qabu.
- Dhagaan gati-jabeeyyiin hundi... uffata kee ture.
- Jannata Waaqayyoo, Eden keessa turte.
- Ati akka Kuruubeel eedduuf dibamtee turte.
- Ani gaara Waaqa isa qulqulluu irraa si jiraachise
- Ibidda dhagaa jidduu deddeebite.
- Gaafa uumamtee jalqabdee hangayeroo hammeenni si keessatti argame sanaatti karaa kee irratti mudaa hin qabdu turte. His 28:12-15

Garuu Kitaabni Waaqaa akka inni sababii guddinna ulfinna isaatiif garaa isaa keessatti of tuule, akka inni Waaqa irratti fincile, kanaafis ergamtoota isaa waliin akka samii irraa gadi darbatame ni dubbata. " Ati yaa ilma barii, yaa bakkalcha barii, ati akkamitti samii irraa kufte? Ati garaa kee keessatti, Ani ol nan ba'a; teessoo kiyyas urjoota Waaqaatii olitti ol ol nan godhadha. Daarii kaabaa (mirgaa) gaara wal ga'ii irra nan taa'a. Ol fageenna duumessotaa gar-irraattis ol nan ba'a. Isa waan hundaan gara- irraa jiruttis uf nan fakkeessa' jette. Garuu Si'oolitti, boolla qileetti gadi ni darbatamta." Isa 14:12-15

II) Karaa ittiin Sheexanni nama lolu

A. Yaada

Sheexanni yeroo jannata Edeni keessatti Hewwaanin qore akka yaada dubbii Waaqayyootiin mormu sammuu isii keessa kaayee kitaabni Waaqaa ni dubbata. (Uum 3:4). " bofnis dubartittiin akkana jedhe, ' hin duutan; Gaafa firii (midhaan) mukichaa nyaattan akka illi keessan banamu, akka isin akkuma Waaqayyoos waan gaarii fi waan hamaa akka gar-gari baaftan Waaqayyo beeka.'" Akkasumas dubbiin Waaqaa akkana jedhee nu (beekkachiifti) akeekkachiisa; "garuu akkuma bofni haxxummaa isaatiin Hewaanin dogongorse sana Akka yaanni keessan yaada diinaatiin xureeffamee qajeelummaa fi qulqullummaa Kiristoosiif ta'u irraa tarii hin jijjiiramneef nan sodaadha.: Qor 2^{ffaa} 11:3

Sheexanni waan hafuura hamaa ta'eef, namnis uumama isaa keessatti kutaa hafuuraa waan qabuuf (Tas 1^{ffaa} 5:23) sheexanni yaada hamaa namaa dhiyeessa. Garuu yaada hamaa dhiyeessuu malee nama amanu tokko dogongorsuuf humna hin qabu. Kiristaanni hin dammaqinii fi kan hin qophaayin tokko otoo akka wanni yaada diinaa ta'e hin hubatin akka waan yaada ufii isaa ta'eetti fudhata. "Lolli keenya dhiigaafi foon waliinii mitiitii... raayyaa (loltoota) hafuuraa hamaa isa samii keessa jiru waliin malee." Efe 6:12

Namni amanu tokko akkamitti yaada sheexanaa isa hamaadhaan mormuu danda'a?

1. Kiristaanni yeroo cufa kadhannaa Waaqatti dhiyaatee jiraatu yaada sheexanaa addaan baasee beeka." nu akka sheexanaan hin gowwoomfamneef yaada isaa beenna." (Qor 2^{ffaa} 2: 11)

2. Kiristaanni yeroo hunda dubbii Waaqaatiin guutamu yaanni isaa hundi akkuma dubbii Waaqaa ta'a. "namni gaariin

gaarummaa garaa isaa keessaa waan gaarii dhubbata." (Mat 12:33-35).

3. Namni yeroo mara hafuuraan deddeebi'u yookaan namni hafuura qulqulluuf ajajamu waan waayee Waaqayyoo yaada malee yaada diinaatiif iddoo (fulaa) hin qabu. " warri akka fedhii hafuura Qulqulluutti jiraatan waayee hafuura qulqulluu yaadu" (Rom 8:5).

Kanaaf nama amanu tokko akka inni kadhannaan, dubbii Waaqaatii fi humna Hafuura Qulqulluutiin yaada Sheexanaa cufa mormuu fi mowuuf, humnis aangoonis kennameeraafi.

B . Foon

Sheexanni akka qorumsi foonii cubbuu fidu, cubbuun mmoo akka Waaqa irraa gar-gari bawuu fidu waan beekuuf nama amanu foon isaatiin isa qora. Hawwiin foonii ulfoofte cubbuu dhalti. Cubbuun immoo eergii guddattee booddee du'a dhalti. (Yaq 1:15). "... Nu hundi keennas duri fedhii foon keennaatii fi fedhii yaada keennaa raawwachaa akkuma hawwii foon keennaatti jiraachaa turre." (Efe 2:3) . "hujiin foonii ifaa dha. Innis ejja, xuraawummaa, halalummaa, Waaqa tolfamaa Waaqessuu, lola, morkii, hinaaffaa, dheekkamsa (aarii), gareen namatti ka'uu, nama ajjeessuu, machii, sirbitummaa fi kan kana fakkaatu." (Gal 5:19-21) . " Isin hafuuraan deddeebi'aa; Hawwii fooniis hin raawwatinaa;... yoo hafuuraan jiraanne hafuuraan haa deddeebinuu: (Gal 5: 16, 25)

C. Himata

Afaan Ibraayisxiitiin sheexana jechuun himataa jechuu dha. Akka Sheexanni yeroo mara himataaf yookiin mormiif fuula Waaqaa duratti dhiyaatu dubbii Waaqaa keessatti ni argina.

- Iyyoobin, namicha qajeelaa sana himate (Iyo 1:6)
- Iyyaasuu lubicha guddaa sanas ni himate (Zak 3:1)

Muldhata Yohaannisi keessatti yeroo Sheexanni samii irraa gadi-darbatametti dubii, "Himataan obboleeyyan keennaa inni halkanii-guyyaa isaan himatu sun gadi darbatameera." jedhu tokko dubbifna. (Mul 12:10)

Hujiin Sheexanaa fuula Waaqaa duratti nama himachuu qofaa miti. Kiristaanni araara Waaqaa hin hubatin tokko erga dhiifama cubbuu argateen duubattillee cubbuu isa dabreen of himachaa fi yakkamaa of gochaa yaada dadhabbiitii fi kufaatiitiin akka cinqamaa jiraatu gochuuf himannoodhaan isa guuta/rakkisa.

Hundeen kiristaanummaatii fi wanni kiristaanummaan ittiin amantiiwwan kaan keessaa hiriyyaa dhabe araara Waaqayyoo ti.

"Otuma nu cubbamoota taanee jirruu Kiristoos nuu du'eeraatii" (Rom 5:8)

"Dhiigni Ilma isaa (Yesuus Kiristoos) cubbuu hundumaa irraa nu qulqulleessaa... nu yoo cubbuu hin qabnu jenne ni sobna. Yoo cubbuu keenya himanne ammoo innii cubbuu keenya nuu dhiisuuf, yakka hundumaa irraas nu qulqulleessuuf amanamaa fi qajeelaa dha." (Yoh 1^{ffaa} 1:7-9)

"Yaa ijoolle! ani akka isin cubbuu hin hojjanneefi isinii barreessa. Yoo cubbuu hojjanne garuu Abbaa biraa abukaattoo qabna; Innis Yesuus Kiristoos isa qajeelaa sana". (Yoh 1^{ffaa} 2 : 1)

"Nu hangafa lubootaa isa cubbuu malee waan cufaan akkuma keenya qorame qabna malee hangafa lubootaa kan dadhabii keenya keessatti nuu nawuu hin dandeenye hin qabnu." (Ib 4:15) "Kanaaf inni fuula Waaqayyoo duratti hangafa lubootaa kan namaa nawuu fi amanamaa ta'uudhaaf namoota dhiifama cubbuu argachiisuuf jedhee ufii isaatii waan qoramee dhiphateef warra qoraman gargaaruu ni danda'a" (Ibr 2:17-18)

"Egaa amma murtiin warra Kiristoos Yesuusitti amananitti muramu tokkolleen hin jiru" (Rom 8:1)

d. Barumsa sobaa

Meeshaan Sheexanaa guddaan isaa barumsa sobaa ti. Barumsi sobaa haalawwan armaan gadi jiran qaba:

1. Ergaa Wangeelaa dadhabsiisuu fi waa itti makuu yaala.
2. Waldaa Kiristaanaa gargari qooda;
3. Gara sheexana waaqeffachuutti nama qajeelcha.
4. Waaqummaa Kiristoosiitiin morma.
5. Akka Kirisstoos Ilma Waaqayyoo ta'e gana.
6. Akka Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta'e morma.
7. Sadan tokkummaa Waaqaa gana.
8. Fayyinna isa du'aa fi du'aa-ka'iisa Yesuus Kiristoo- siitiin raawwatamu irratti sirnaa fi hujii seeraa ida'a.
9. Kiristoos irratti otoo hin ta'in qajeelchaa irratti yookaan namicha raajii ufiin jedhu irratti xiyyeeffaannoo godha. Amantiiwwan sobaa beekaman keessatti Islaamum- maan, sochiin bara haaraya, dhuga-baatonni Yaahwee, mormoon, "Yesuus qofti" ni argamu.

III. Karaa Gara biraatiin Wangeelli akkana jedha

1. Yesuus Kiristoos gooftaadhaa, Waaqas.
2. Yesuus Kiristoos Ilma Waaqaa ti.
3. Fayyinni Gooftaa Yesuusitti amanuu qofaan argama. Yesuus waayee cubbuu keennaatiif du'ee moo'umsaan warra du'an

keessaa ka'e; Samiitti ol bahee Ulfinnaanis mirga Waaqaa ta'ee.

4. Gooftaa Yesuus haala ijaan argamuun maleekkotaan marfamee waldaa Kiristaanaa fudhachuuf duumessaan deebi'ee ni dhufa.
5. Hafuurri qulqulluun sadan tokkummaa Waaqaa keessaa isa tokko.
6. Hafuurri qulqulluun hardhas jireenya amantotaa keessatti ni hojjata.

IV) Falli amantootaaf kenname maali?

Namni amanu tokko akka waan hunda sakatta'uuf qoruuf angoo fi ajajni kennameeraaf." Yaa firootaa, hafuura mara hin dhugeeffatinaa. Garuu hafuuronni Waaqa bira dhufuu fi dhufuu baachuu isaanii qoraa. Raagonni sobduun hedduun gara biyya lafaatti bayaniiruutii" (Yoh 1ffaa 4:1). Kanatti ida'ee dubbiin Waaqaa, "Waaqatti dhiyaadhaa innis isinitti ni dhiyaataatii. sheexanaan mormaa innis isin irraa fagaataa." (Yaq 4:7-8) jedhee akka sheexanni ari'yamuu qabu malee akka nama ariyuu hin qabne nu barsiisa. Akkasumas Rom 16:20 irratti: "Waaqni nagaya dafee sheexana miila keessan jalatti ni caccabsa." jedha.

Yoh 16:11 irratti immoo bulchaa addunyaa kanaatti jechuun akka sheexanatti murame dubbata. Kun hundi akka yoo amanaan tokko aangoo kennameef Wallaalee sheexanaaf balbala bane malee sheexanni nama amanu tokko irratti aangoo hin qabne nu agarsiisa. (Luq 10:19)

Mi'a waraanaa (lolaa) kanneen amantoonni hidhachuu qaban Efe 6:10-18 irraa dubbifna.

"Kanaa achi Gooftaafi dandeettii humna isaatti jabaadhaa. Akka haxxummaa daabiloosiitiin mormuu dandeettaniif mi'a lola Waaqaa hunda hidhadhaa. Qabsoon keenna dhiigaa fi foon

waliinii miti. Qabsoon keenna bulchitoota, aangoowwanii fi raayaaawwan hafuura hamaa isa bakka (fulaa) samii keessaa wajjjinii; kanaaf guyyaa hamaa sanatti akka ittiin mormuu fi waan hundumaas raawwatanii dhaabachuu dandeessaniif mi'a lolaa kan Waaqayyoo hunda fudhadhaa. Egaa dhugaan mudhii keessan hidhadhaatii, maddaa qajeelummaa uffadhaatii, wangeela nagayaatiin qophaawuun miilli keessan kophee keewwatee haa dhaabatuu. Kana cufa irrattis xiyya isa hamaa sanaa kan akka ibiddaa bobawu sana akka balleessuu dandeettaniif wantee amantii fudhadhaa. Gonfoo fayyinnaas, billaa hafuuraas qabadhaa. Innis dubbii Waaqayyooti. Kadhannaa fi waammata cufa yeroo cufa hafuuraan Waaqa kadhadhaa."

V. Aangoo nama amanu tokkoo

Nama amanu yoo jennu, nama afaan qofaan nan amana jedhu qofa jechuu keenna otoo hin ta'in nama akka Yesuus Kiristoos fayyisaa jireenya isaa ta'e amanee cubbuu irraa deebi'uunii fi dhugeeffachuun Yesuus Kiristoos fudhatee jireenya bara-baraa argate jechuu keenya.

Amanaan tokko battala Yesuus Kiristoosin gara jireenya isaatti fudhatutti ilma Waaqayyoo ta'uuf akka aangoo argatu dubbiin Waaqaa nutti hima. "Worra isa simatanii fi warra maqaa isaatti amananiif immoo akka isaan ijoollee Waaqayyoo ta'aniif aangoo kenneef." (Yoh 1:12). Aangoo Ilma Waaqaa ta'uu kana keessatti aangoon amanaa tokkoof kenname maal akka ta'e mee haa ilaalluu. Ilmi mootii tokko hanga mootummaa abbaa isaa keessa jiraatutti yoo rakkinni yookiin diinni kamiyyuu itti dhufellee sababii ilma mootii ta'e qofaaf akka aangoon abbaa isaa isaaf jiru ni beeka. Humnaafi aangoo ufii isaatiin otoo hin ta'in humnaa fi aangoo abbaa isaatiin boona. Kiristaanni tokkos waan ilma Waaqaa ta'e qofaaf aangoo kan abbaa isaa isa samii irraa isa mootii moototaa ta'e sana biraa kennameef qaba. Innis akkuma Phaawuloos jedhe yoo rakkinnii fi diinni kamiyyuu itti dhufellee,"Kiristoos isa humna naa kennu sanaan waan hunda

nan danda'a" (Fil 4:13) jechuu ni danda'a. Sababiin dubbiin Waaqaa Efe 6: 10 irratti, " kanaa achi gooftaafi dandeettii humana isaatti jabaadhaa" jedhuufis kanumaa. Wanni nu ittiin jabaannu humna gooftaatii fi aangoo isaatiin malee mataa keennaanii miti. Aangoon ilmummaa kan nuu kenname kun maali? Yesuus Kiristoos Luq 10:19 irratti, "Ani kunoo, akka isin bofaa fi torbaan qabaa (qaanjibbuu) irra ejjataniif humna diinaa cufa irratti aangoo isinii kenneera. Wanni isin miidhu tokkolleen hin jiru" jechuudhaan aangoo guutuu barattoota isaatiif kenne agarsiisa. Kana jechuunis Kiristaanni tokko bofa (daabiloos) isa jannata keessatti Hewaaniin gowwoomse sana irratti aangoon isaaf kennameera jechuu dha.

Aangoon kunis Karaa ittiin Ibsamu qaba

1. Maqaa Yesuus Kiristoosiitiin

Nu waan ijoollee Waaqayyoo taaneef mirga ittiin maqaa abbaa keennaa waammannee itti fayyadamuu qabna waayee namoota otoo Yesuus Kiristoositti amananii aangoo Ilma Waaqaa ta'uu hin argatiin, jinnii irratti maqaa Yesuus Kiristoosi waamuu yaalan tokko tokkoo akka injifannoon isaan irra ga'e HuE 19:13-16 irraa dubbisuu ni dandeenya. Dubbiin sunis akkana jedha; " Yesuus isa Phaawuloos lallabu sanaan isin kakachiisna jedhanii namoota hafuraa xuraawaa qaban irratti maqaa Gooftaa Yesuusi waamuu yaalan. Hafuurri xuraawwaan sun garuu deebisee, ani Yesuusin nan beeka; Phaawuloosinis beeka; Isin garuu eennu?" jedheen. Namichi hafuura xuraawaa qabu sunis itti utaale. Hanga isaan madaa'anii mana sanaa baqatanittis isaanitti jabaate; isaan injifates." Kunis sababii isaan otoo aangoo Ilma Waaqaa ta'uu hin argatin maqaa Gooftaa waamuu yaalaniifi. Amantoota aangoo ilmummaa qaban garuu diinni eenyu akka ta'anii fi maqaa Gooftaa waamuufis mirgaa fi aangoo akka qaban beeka.

Maqaa Yesuus Kiristoosi keessa aangoo akkamiittu jira?

Fil 2:9-11 keessatti akkana jedha; "...Waaqayyo Yesuus Kiristoosin akka malee ol ol qabe. Maqaa maqaa cufa caalus kenneefi. Kunis akka worri samii keessaa fi lafa irra jiran marti, warri lafaa gadi jiran cuftis maqaa Yesuusiitiin jilbiiffataniifi akka arrabni hundis akka Yesuus Kiristoos gooftaa ta'e, ulfinna Waaqaa Abbaatiif dhugaa bayaniif; maqaan Yesuus Kiristoosi maqaa jilbi hundi isaaf jilbiinffatuu fi isaaf hollatuu dha. Yeroo maqaan isaa waamamutti hunmi fuula isaa duratti hin jilbiinffanne hin jiru.

"Yommuu Kiristoosin warra du'an keessaa kaasee moo'umsa, aangoo, humnootaa fi gooftummaa hundaa olitti, maqaa addunyaa kana qofa irratti otoo hin ta'in addunyaa dhufuuf jiru hunda irratti waamamuu olitti bakka sami irraa keessa yeroo mirga isaa teessise sana hujii karaa Kiristoosiitiin hojjate keessatti jabeenni humna isaa ni muldhata; waan hundas miila isaa jala galcheef, akka inni waan hundumaa mataa ta'uuf jedhee waldaa Kiristaanaatiif kenne. Waldaan Kiristaanaa nafa Kiristoosiiti. Inni waan hundaan isii guuta. Isiinis guutama isaati." Efe 1:19-23

Akka maqaan Yesuus Kiristoosi maqaa maraa ol ta'e, uumanni hundinuus akka isaaf jilbiinfatuu fi akka miila isaatii gaditti isaaf bulu kutaa armaan ol jiru irraa hubachuu ni dandeenna. Waldaan Kiristaanaa yookiin amantoonni waan nafa Kiristoosi ta'aniif namni miila Kiristoosi jala jiru hundi miila waldaa kiristaanaa jala jira. Mataan nafa kanaas Yesuus Kiristoosii dha. Nafni sun garuu waldaa kiristaanaati. Yommuu, "Inni waan cufa miila isaa jala galcheef " jedhutti sheexanniyyuu miila waldaa kiristaanaa jala jira jechuu dha; waldaan kiristaanaa nafa Kiristoosiitii.

Rom 10:13 keessatti dubbii, "namni maqaa Gooftaa waammatu cufti ni fayya" jedhu dubbifna. Dubbiin kun waayee fayyinna lubbuu qofa otoo hin ta'in, akka maqaan Yesuus Kiristoosi maqaa nu ittiin waan hamaa mara irraa fayyinnu ta'e ni muldhisa. Kakuu haaraya keessattillee namoonni Waaqayyoo maqaa Waaqayyoo- tiin injifannoo akkamii akka argatan ilaaluu ni dandeenna. Sam 1^{ffaa} 17:45 keessatti Daawiti akkamitti Gooliyaadin akka injifate ni dubbifna; dubbichis akkana jedha;

"Daawitis namicha Filisxeemi sanaan akkana jedhe; ' ati eeboo fi bodee qabattee natti dhufta; ani garuu maqaa Gooftaa maccaa (loltootaa) Waaqa rayya Israa'eli isa ati itti qoostu sanaan sitti dhufa."

"Namoonni ormaa cufti na marsan. Ani maqaa Waaqaatiin isaan moo'e, Marsiitii na marsanillee ani maqaa Waaqaatiin isaan mooye. Akkuma kinniisni damma marsutti na marsan; akkuma qoraattiin ibiddaan gubattutti gubatan; ani maqaa Waaqaatiin isaan moo'e." (Far 118: 10-12)

"Warri sun gaarii lolaa, warri sun immoo farda amanatu. Nu garuu maqaa Waaqa keennaatiin ol ol jenna. Isaan xaxamanii (jijjigan) kufan; nu garuu ni kaane; jabaannee dhaabanne" (Far 20: 7-8)

"Maqaan Waaqayyoo ijaarsa jabaadha. Namni qajeelaan gara isaatti fiigee ol ol jedha." (Fak 18:10)

Akka Waaqayyo nama aangoo fi ulfinna maqaa isaa keessa jiru beekee isa waamatu oolchu dubbiin kitaaba Waaqaa nutti hima. "Na amanateeraatii isa nan oolcha, maqaa kiyyas beekeeraatii isa nan (golla) golga" jedha. (Far 91:14)

2) **Dubbii Waaqaatiin**

Efe 6:17 irratti, "Goraadee hafuuraa qabadhaa. Innis dubbii Waaqayyooti" jedha. Ibr 4:12 irratti immoo, "dubbiin Waaqaa jiraataadha, ni hojjatas. Goraadee afaan lamaa caalaas qaramaadha. Hanga lubbuufi hafuura, hiddaa fi dhuka gargari baasutti waraana, kaayyoo fi yaada garaa namaa qora" jedha.

Yesuus Kiristoos yeroo sheexanaan qorametti qormaata sadanuu, "barreeffameera, barreeffameera, barreeffameera" jedhee moo'e. Yeroo sadanuu dubbii Waaqaa keessaa fuudhee dubbate. Dubbichi waan goraadee afaan lamaa caalaa qaramaa ta'eef diina muruu fi waraanuuf humna qaba." Mul 1:16 irratti yoo waayee ulfinnaa fi surraa Yesuus Kiristoosi dubbatu," afaan isaa keessaas

goraadee afaan lamaan qarametu bahe" jedha. Dubbiin afaan Yesuusi keessaa bawu waan dubbii salphaa hin ta'iniif akkuma goraadee qaramaa tokkoo diina isaa kukkuta. Aangoon dubbii kana keessa jiru nuufis kennameera. Kanaaf, "goraadee hafuuraa qabadhaa, inni dubbii Waaqayyooti" nuun jedha. (Efe 6: 17)

Kana malees akka dubbichi humna dukkana balleessu uf keessaa qabu agarra; "dubbiin kee miila kiyyaaf ibsaadha; karaa kiyyaaf immoo ifa" jedha. (Far 119:105)

Namni jireenya isaa dubbii Waaqayyoo irratti hundeeffate yookiin namni dubbii Waaqayyoo waan ittiin qajeelfamu godhatu yoo lolaa fi bubbeen diinaa kamiyyuu itti dhufellee hin sodaatu. Namni dubbii kiyya dhagayee ajajameef cufti nama abshaala mana isaa qarsaa irratti ijaarrate fakkaata. Bokkaan ni roobe; lolaan ni lola'e; bubbeen ni bubbise; manichattis ni bu'e; manni sunis sababii qarsaa irratti ijaarameef hin jinne" (Mat 7:24-25)

3. Dhiiga Yesuus Kiristoosiitiin

Humnii fi aangoon dhiiga Yesuusi keessa jiru cubbuu hunda irraa nama qulqulleessa." dhiigni ilma isaa dhiigni Yesuus Kiristoos cubbuu mara irraa nama qulqulleessa" (Yoh 1^{ffaa} 1:7)

Yoo cubbuun jireenna keenna keessa jiraate diinatti ifa baana. Diinnis nu miidha. Kanaaf humni nu ittiin cubbuu jireenna keenna keessaa baafnu dhiiga Yesuus Kiristoosiitiifi cubbuu irraa deebi'uudhaan. Dubbiin Waaqayyoo dhiiga horii kakuu moofaa (dullattii) keessatti dhangalaafamaa turee fi dhiiga Yesuus Kiristoosi kan kakuu haaraya keessatti nuu dhangalaafame wal bira qabuun akkana jedha; "eegii dhiigni korommiitii fi dhiigni re'ootaa, daaraan goromsaa kan warra xuraaye irratti facaafame sun foon qulqulleessee diigni Kiristoos isa mudaa hin qabnee, isa hafuura bara-baraatiin Waaqatti uf dhiyyeesse sanaa immoo hagam caalaa akka isin Waaqa jiraataa Waaqeffataniif sammuu keessan hujii du'e irraa haa qulqulleessuu ree?" (Ibr 9:13-14). Yeroo cubbuun yaada keenya xureesse ija jabeenna nu fuula Waaqaa duratti dhiyaachuuf qabnu nurra fudhatutti, yeroo

sheexannis otoo wolirraa hin kutin nu himatutti, wanni qalbii keenya guutummaatti miicuu danda'u dhiiga Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos isa qulqulluu qofa.

Wantoota akka nu aangoo nuu kennametti hin fayyadamne nu godhan.

A. Cubbuu:-

Sababii cubbuun Waaqa irraa gargari nu baasuuf humnaa fi aangoo Waaqa irraa argannetti fayyadamuu hin dandeenyu (Isa 59:1-2). Filannoon nu qabnu fuula Waaqayyootti dhiyaannee dhiiga Yesuus Kiristoosiitiin qulqulleeffamuu keenna amantiin fudhachuu qofa.

Saamsoon aangoo guddaa Waaqayyo isaaf kenne sana, akka sababii cubbuutiif dhabe dubbiin Waaqaa nutti hima.

"Ishiinis, yaa Saamsoon, 'warri Filisxeemi sitti dhufan' jetteen. Innis hirriiba irraa dammaqee 'nan baha; akkuma kanaan duraas nan hojjadha' jedhe. Akka Waaqayyo isa irraa gargari baye garuu hin beenne." (Abo 16:20). Wanni akka Waaqayyo nu irraa fagaatu godhu cubbuu dha.

B. Wollaaluma

Tarii wollaalummaan rakkinna Kiristaanotaa guddaa isaaotoo hin ta'in hin hafu. Dubbiin Waaqaa, "sabni kiyya sababii beekumsa dhabeef badeera" jedha. (Hos 4:6). Nu yoo aangoo Kiristoos nuu kenne hin beennee akka ilmaatti otoo hin ta'in akka ormaatti jiraachuu dandeenya. Nu diina moonee otoo hin ta'in diinni nu moo'ee jiraanna. Nu diina irra deemnee otoo hin ta'in diinatu nurra deemaa jiraanna. Beekumsa dhabuun akka ilmi mootii akka kadhataa fi akka garbaatti jiraatu godha.

Waaqni akka nu aangoo inni nuu kenneen jiraannuuf nu haa gargaaruu!

Barumsa Jahaffaa:- Lola Hafuuraatiifi Aangoo Amantoota

Lakkoobsa Ennummaa: _____
Maqaa: _____
Bakka jireennaa: _____
_____
_____

1. Akka kiristaana irra lolli jiru dubbiin Waaqaa ni dubbata. Lola hafuuraa jechuun maal jechuudha?

2. Lolli Kiristaanaa daabiloos waliin- Daabiloos karaa kam afaan amantoota lola? Deebii kennite keessaa kan caalatti si ilaalu tokko ibsi.

3. Karaan sheexanni ittiin amantoota lolu tokko yaada hamaa sammuu isaaniitti fiduudhaan. Namni amanu tokko akkamitti yaada hamaa sheexanni itti fidu tokko uf irraa dhowwuu danda'a?

1. Waaqayyo karaa kamiin amantootaaf aangoo kenne? Akka tokkoon tokkoon isaa maal jechuu ta'e gabaabsii ibsi.

2. Amantoonni akkamitti aangoo sheexana irratti isaanii kennametti fayyadamuu danda'u?

6. Wanni akka namni amanu tokko aangoo isaa kennametti hin fayyadamne isa godhu maal?

7. Yoo lolli hafuuraa si qunname maal akka ta'ee fi akkamitti akka injifatte karaa gabaabaan ibsi.

8. Aangoo Waaqayyo sii kenne jireenya guyyuma guyyaan jiraattu keessatti akkamitti itti fayyadamaa jirta?